Oromiyaa

Lakk. 357

Ergaa ADWUI irraa darbe

ADWUIn hundeeffamuma isaarraa eegalee biyya keenya Itoophiyaa keessatti sirna siyaasaa demokraatawaa ijaaruu kaayyeffatee dhaaba ka'e ta'uun isaa ni beekama. Biyyattiin sirna demokraatawan ala sirna biraatiin rakkoolee ishee furuu ni dandaeessi jedhanii yaaduun hin danda'amu. Sirna demokraasii ijaaruun barbaachisaa kan ta'es kanumaafi.

Biyyi keenya biyya sabaafi sab-lammoota hedduuti. Waan ta'eefuu mirga sabaafi sab-lammootaa wal qixxummaadhaan mirkaneessuu barbaachisa. Biyyi keenya biyya amantaa hedduu waan taateef amantaalee gidduutti wal qixxummaafi wal danda'insi jiraachuu mala. Furmaanni kanaa ammoo sirna deemokraasii qofaadha. Demokraasiin eddoo hin jirretti galmawwan deemokraasii fiixa baasuun hin danda'amu jennee amanna.

Sadarkaa lammaffaatti hiyyummaa keessaa bahuudhaaf fedhii guddaa qabna. Biyyi keenya ummata hojii jaallatuufii qabeenya uumamaa bal'aa otoo qabduu misoomaan boodatti kan hafte ta'uunshee ni beekama. ADWUIn humna ummataa kana bu'uura godhachuufi qabeenya uumamaa bal'aa jiru misoomsuudhaan hiyyumaa keessaa bahuun ni danda'ama jedhee amana. Kana waan ta'eefis haalduree barbaachisan hundumaa guutuudhaan dhaaba socho'aa jirudha, ADWUIn.

Dhimmi inni jalqabaa imaammataafi tarsiimoo sirrii ta'e qopheessuudha. Kun muxannoowwan waggoota 15n darban argamaniifii muuxannoowwan biyyoota biroo ka'umsa godhachuudhaan waggoota shan dura qophaa'ee hojiirra oolaa jira. Kana raawwachuudhaaf akka dandeessisutti ammoo mootummaa misoomaafi paartii siyaasaa cimaa mootummaa kana gaggeessu ijaaruun barbaachisaadha kan jedhu qixni kaa'amee socho'amaa tureera.

Misoomicha mirkaneessuudhaaf humni uummataa murteessaa waan ta'eef humna uummataa kana barnootaan, leenjiidhaan, teeknoloojii haarawaa adda addaa wajjin wal barsiisuudhaan gabbisuu dhaaf yaalii guddaan godhamaa tureera.

Humi misoomaa inni biraa abbootii qabeenya dhuunfaati. Waan ta'eefuu mootummaan sochii abbootii qabeenya dhuunfa dirree misoomaa hunda keessatti cimsuudhaaf socho'aa jira. Yeroo

ammaa qixni misoomaa kaa’ame kun sirriitti hojii irra ooluu isaatiin kan ka’e yeroo ammaa biyyi keenya guddina misooma dinagdee wal irraa hin cinneefii fufinsa amansiisaa qabu waggoota shaniif mirkaneessiteetti. Kana sababa godhachuudhaan ADWUIn amma jala bultii bar-kumee haarawaa irratti yeroo argamnu kana kaayyoowwan keenya misoomaafi bulchiinsa gaarii hojii irra oolanii bu’aa gaarii argamsiisuu danda’aniiru. Gudiina misooma dinagdee, nagaafi deemokraasii akkasumas bulchiinsa gaarii mirkaneessaniiru.

Kanaafuu bu’aawwan gaarii argame kana cimsinee qabachuudhaan raawwii keenya darbaniraa muuxannoo fudhachuudhaan hojii gara fuulduraas seexaafi hamilee cimaadhaan fiixa baasuuf kutannoon ka’uun nurra jira jedha. Guddina eegalame irraa uummattoonni Itoophiyaa sadarkaa adda addaatiin fayyadamoo ta’aniiru. Baadiyyaatti fayyadamummaan sadarkaa ol aanaadhaan mirkanaa’eera. Magaalaatti fayyadamummaan hanga baadiyyaa ga’u mul’achuu hin eegalle. Haa ta’uutii, uummanni magaalaa akkuma uummata baadiyyaa fayyadamaa akka ta’uuf carraan jiru bal’aadha. Waan ta’eefuu carraa jiru kanatti fayyadamuudhaan guddina jalqabame si’achiisuun biyya keenya sadarkaa guddinaa barbaadamutti ceesisuudhaaf haalli mijaawaan jira jennee amanna.

Kaayyoon ADWUI inni guddaan misooma dinagdee uummattoonni irra fayyadaman mirkaneessuudha. Kana dhugoomsuun ammoo oggansa paartii siyaasaa gaarii ta’e gaafata. Dhaabbatichi fedhii misoomaa uummanni qabu guutuudhaaf kutannoodhaan kan ka’e ta’uu mala. fedhii uummanni deemokraasiidhaafi bulchiinsa gaariidhaaf qabu dhugoomsuuf kan qabsaa’u ta’uu qaba. Dhaabni keenya ADWUInis karaa kanaan sochii cimaa taasiseen bu’aa abdachisaa argamsiisuu danda’eera. Asirratti bu’aa akkasii sochii miseensota cicimootiin ala fiixa baasuun akka hin danda’amne ni beekama. Kanaafuu miseensonni keenya bar-kumee haaraa kana keessas miseensonni keenya sochii uummata bal’aa qindeessitanii karoora misoomaafi bulchiinsa gaarii fiixa baasuuf yoomiyyuu caalaa kutannoon hojjechuu qabdu. Dargii barbadeessuuf qabsoo eegalame irraa eegalee bu’aa hanga ammaatti argameef miseensonni keenya adda durummaadhaan aarsaa kaffaltaniittu. Ammas sochii misoomaa keessatti adda durummaadhaan tumsaa kan jirtan isini. Kana boodas dhaadannoo misoomaa qabachuufi hordofuudhaan fiixa akka baaftan dhaabni keessan ADWUIn ergaa dabarsa.

Ibsa Mana Maree Adda Warraaqsaa Demokraatawaa Ummattoota Itoophiyaa

Manni marii ADWUI walga'ii isaa idilee bara 1999, Hagayya 25 hanga 27 bara 1999tti adeemsiseera. Walga'ichi kan mari'ate raawwii karoora bara 1999fi karoora bara 2000 ilaalchisee gabaasa dhiyaate irratti yommuu ta'u, gabaasichi misooma baadiyyaafi bulchiinsa gaarii, misooma magaalaafi bulchiinsa gaarii akkasumas hojii siyaasaafi dhaabbatummaa dhaaba keessaa irratti xiyyeeffateeti.

Misooma baadiyyaa karaa ilaaluun callaan qonnaa keenyaa waggaa kanas yeroo shanaffaaf dhibbeentaa 10 ol guddachuu akka danda'u manni marichaa hubateera. Misooma qonnaa keenya cimsuudhaaf waggaa kana keessa caasaa qonnaa gurmaa'inaafi humna namaatiin cimsuuf akkasumas sirni hordoffiifi deeggarsaa cimsuuf karoorri nuyi baafne hanga tokko fiixa bahiinsa argateera. Guddinni kara misoomaa qonnaa argame teeknoloojiwwaniifi humna qonnaan bulaa haala fooyya'insa qabuun fayyadamuu keenyaan kan argame akka ta'e, kanaammoo bu'aawwan argaman caalmaan itti fayyaadamuu akka nurra jiraatu manni marichaa xiyyeeffannoodhaan ilaaleera. Bulchiinsa gaarii baadiyyaa keessatti mirkaneessuudhaaf bulchiinsa gandaafi aanaa akkasumas qaamoolee haqaa gurmaa'inaan, humna namaatiin cimsuun hordoffiifi deeggarsa gochuun keenya hanga tokko bu'aa qabeessa ta'eera. Caasicha cimsuudhaaf qonnaan bulaan akkuma hojii misoomaa bulchiinsa gaariidhaafis humna guutuudhaan akka hirmaatu gochuuf sochiin jalqabame ammas cimee kan itti fufu ta'a. Karaa misooma baadiyyaas ta'e karaa bulchiinsa gaarii muuxannoowwan iddoo adda addaatti argaman gara gandootaafi aanaalee hundaatti akka babaldhatan gochuuf hojjachuu hojii ijoo akka ta'e manni marichaa hubateera.

Karaa misooma magaalaa hojiilee maayikroo xixiqqaa babaldhisuun, gurmaa'inaan, humna namaafi hojmaataan cimsuuf karoorri ba'e si'annaa barbaadameen kan tarkaanfate ta'uu baatuus bu'aa abdachiisaa argamsiiseera. Tajaajila wiirtuu tokkoo, bittaafi liqaa, leenjiifi teekniika kennuudhaan hanga tokko adeemameera. Magaalota baay'ee keessatti lammiilee hedduun carraa hojii argachuudhaan jireenya isaanii fooyyeeffachuu akka danda'an manni marichaa gamaaggameera. Karaa misooma manneeniis raawwiinsaa si'annaa barbaadameen kan adeeme ta'uu baatuus keessumaa magaalota rakkoo mana jireenyaa baldhinaan keessatti muldhatu keessatti ijaarsi jalqabame karaa tokkoon carraa hojii argamsiisuudhaan karaa biraa ammoo ijaarsisaa wayita raawwatu hanqina mana jireenyaa furuudhaan ga'ee kan gumaachu ta'uusaa manni marichaa gamaaggameera. Karaabiraas, qaalawinsa, jireenyaa magaalota keessatti muldhatu ilaalchisee sababaafi furmaatasaa irratti manni marichaa baldhinaan kan mari'ate yoo

ta’u, qaalaw’insi jireenyaa magaalota keessatti muldhatu kun hangafummaadhaan, karaa tokkoon callaan midhaanii gatii dabaluusaatiin, karaa biraa ammoo kiraan mana jireenyaa dabaluu isaatiin akkasumas shaqaxxoonni biyya alaatii galan gatii dabaluu isaaniitiin akka ta’e hubatee furmaanni isaa misooma keenya si’achiisuu akka ta’e itti amaneera.

Biyyi keenya callaa qonnaa kan oomishtuufi kan gurgurtu waan taateef qaalaw’insa callaa qonnaa addunyaarratti muldhataa jiru kana akka carraa gaariitti fudhachuun kan nurra jiraatu ta’ee, miidhaan karaa mari’achaa kanaa uummata magaalaa keenya irra ga’u garuu furmaata amansiisaa argachuu akka qabu manni marichaa mari’ateera. Mootummaan karaa tokkoon carraa guddinaa fufiinsa qabu kana karaa cimsuun tumsaa karaa biraammoo jireenya ummata magaalaa keessumaa rakkina jiraattoota galii gadi aanaa qaban fooyyeessuudhaaf ciminaan socho’uu akka qabu xiyyeeffannoo keennee ilaaleera. Jireenya jiraattoota magaalaa galii gadaanaa qabaniifi qaalaw’insa jireenyaatiin miidhamani fooyyeessuudhaaf tarkaanfiiwwan fudhataman, sukkaara, qamadii, zayita gatii xiqqaadhaan dhiyeessuufi mindaa hojjattoota mootummaa fooyyeessuun tarkaanfii sirrii ta’uusaa; karaa kanaan rakkoon raawwiirratti muldhatu yoo jiraate dafanii sirreessuu akka barbaachisu manni marichaa amaneera. Furmaanni qaalaw’insa jireenyaa misooma baadiyyaafi magaalaa jalqabame baldhinaafi si’annaan akka itti fufu gochuu malee akka kunneen tokko tokko jedhan si’annaa guddinichaa qabbanessuu akka hin taane ni amana.

Hojiin bulchiinsa gaarii magaalaatti hojjennu kan baadiyaatti hojjennuu gadi jiraatus sagantaawwan fooyya’insa sirna haqaafi siviil sarviisii eegalaman yeroo ammaa qixa fooyya’aa qabachaa akka jiran manni maree kun kan qorate yemmuu ta’u, hojiin kun hatattamaafi bal’inaan itti fufuu akka qabu manni maree kun cimsee ilaaleera. Hojiiwwan keenya misooma magaalaafi bulchiinsa gaarii si’aaynaafi bal’ina barbaadamuun akka adeemsifamu gama gochuutiin hirmaannaan ummata magaalaa murteessaa akka ta’e manni maree kun cimsee kan ilaale yemmuu ta’u, mareewwan ummanni magaalaa Finfinneefi naannoleetti adeemsifaman bu’a qabeessa akka ta’an, rakkoowwan ummanni kaaseefi furmaanni inni eere karaa ummata hirmaachiseen hojiirra oolchuuf xiyyeeffannoon kennamuufii akka qabu manni maree kun walii galeera.

Keessa dhaabaa karaa ilaallatuun miseensonni ADWUI magaalaafi baadyaatti argaman karaa ijaarsa sirna demokraasiifi misoomaa shoora adda durummaa haalli itti taphatan cimee akka itti fufu gochuuf hojiiwwan ijaarsaafi siyaasaa bu’a qabeessa ta’uu isaaniifi cimanii itti fufuu akka qaban manni maree kun ilaaleera.

Manni maree kun haala dhimma nageenya biyyaafi dippilomaasii keenyaa qalbiidhaan kan qorate yemmuu ta’u, gama kanaan qixniifi tooftaawwan mootummaan keenya hordofe sirrii ta’uu

mirkaneesseera. Sumaalee keessatti balaa humnoonni shororkeessitootaa uuman qolachuuf akka danda'amu waamicha mootummaa cehumsaa Sumaaliyaa fudhachuudhaan sochiin taasise yeroodha gara yerootti bu'aa gaarii fidaa jira.

Dhihoo kana bakka bu'oonni gosoota Sumaalee adda addaa kan itti hirmaatan yaa'iin araaraafi nageenyaa adeemsifamee boqonnaan jeequmsaa kana dura ture cufuuf yaaliin taasifameefi abdiin mul'ate guddaa ta'uu isaa manni maree kun hubateera. Kanarraa ka'uudhaan turtii hooman waraanaa keenyaa Sumaalee keessa akka hin dheeranne ofeeggachaa deeggarsa nurraa eegamu ummata Sumaaleefi humnoota nagaa jaalataniifi kennuu, deeggarsa mootummoota gamtoomaniifi gamtaa Afrikaa karaa mirkaneessuun yaaliin keenya cimee itti fufuu akka qabu itti amanameera.

Quunnamtii Ertiraa waliin jiru ilaalchisees karaan mootummaan hordofee qoratee sirrii ta'uu isaa manni maree kun mirkaneesseera. Mootummaan Ertiraa imaammata diigaa hordofuufi miidhama olloota isaatiin lubbuu isaa dheereffachuuf abjuu qabu biyyi keenya miidhaaf akka hin saaxilamne ofeeggannoon fudhatameefi injifannoon gama kanaan argame guddaa akka ta'e manni maree kun gamaaggameera. Mootummaan Ertiraa gaaffii siyaasaafi dinagdee ummata Ertiraa hiikuu mannaa, Afrikaa bahaa jeequuf kallattiin gochaa shororkeessummaatti hamma galuutti ga'uun isaa kufaatii inni keessa gale kan agarsiisudha. Ergamni shororkeessummaa kun qiyyaasuufi adeemsisuudhaan keessumaa ammoo, dhaabbilee ergamtootaa bobbaasuudhaan yaaliin inni naannawicha jeequuf taasisu sadarkaa addunyaatti, sadarkaa kanneen shororkeessitummaa gaggeessan keessatti akka ramadamu isa taasiseera. Mootummaan keenya ergamtoota mootummaa shaabiyaa sirnaan to'achuuf sochiin inni taasise cimee itti fufuu akka qabu manni maree kun itti amanuu irra darbee mootummaan Ertiraa sababa hin taaneen dhiibamee waraana yoo kaase to'achuuf qophiin taasifame quubsaa ta'uu isaas mirkaneesseera.

Manni maree ADWUI hojiiwwan keenya bara 1999 tokko tokkoon erga gamaaggamee booda qixawwan bu'ura karoora bara 2000 irratti mari'achuu dhaan murteewwan faayida qabeessa ta'an dabarseera. Gama kanaan karoorawwan misoomaa fi bulchiinsa gaarii magaalaafi baadyaa bal'inaafi si'aayna barbaadamuun akka raawwataman gama gochuutiin sirni ijaarsaa, hojmaataafi hordoffiifi deeggarsaa karaa guutuu ta'een akka sosso'u gochuun xiyyeeffannoo isa ol aanaa ta'a. Hojiiwwan keenya hunda irratti jalqabbiiwwan gaariin ni mul'atu; tarsiimoofi imaammattoonni keenya bu'aa qabatamaa argamsiisuu akka danda'an qabatamaatti mirkanaa'eera. Kanaaf waggaa dhufu hirmaannaan keenya guddaan jalqabbiiwwan kanneen bal'isuu, iddoowwan adda addaatti muuxannoowwan argaman iddoowwan hundatti dhaabbataan kan irratti hojjetaman akka ta'an gochuu irratti akka xiyyeeffatu, kana milkeessuun akka danda'amuufis humna raawwachiisuu

keenya sadarkaa sadarkaan adeemsa hojmaataatiin cimsuun xiyyeeffannoo olaanaa akka ta’u manni maree kun waliigaleera.

Gama biraatiin filannoo mana maree gandaafi aanaa bara kana adeemsifamu ilaalchisee filannichi karaa nagaafi deemokraasii hirmaannaa ummataa ol aanaafi dorgomii paartileetiin akka raawwatuuf galma kaa’eera. Filannoo kanaan ADWUIn dorgomaa ga’umsa qabu ta’uufi gama misoomaafi bulchiinsa gaariitiin adda duree ta’uun kan sosso’aniifi faayidaa ummataa eegsisuuf amanamummaafi tattaafannaan kan hojjetan dorgomtoota dandeettiifi muuxannoo qaban dhiheessuuf qophiin akka taasifamu manni maree kun murtesseera.

Xumura irrattis manni maree kun ayyaanni bar-kumee guyyoota muraasa booda kabajuu eegallu, biyyi keenya adeemsa ijaarsa sirna demokraasiifi misoomaa irratti bu’aan gaarii galmeessisaa dhufte sadarkaa olaanaa irraan ga’uuf yeroo fagoo hin jedhamne keessatti mul’ata biyya keenyaa galmaan ga’uuf hiyyummaafi boodatti hafummaa dhaloota dhufuufi seenaa isaa qofa dabarsuuf ummattoonni biyya keenyaa hundi harka wal qabatanii kan itti ka’an akka ta’u waamicha dhiheesseera. Karaa wal fakkaatuun paartileen siyaasaa biyya keenya keessa socho’an hundi ilaalchonni gara garaa karaa deemokraasii wal danda’anii, adeemsa ijaarsa biyyaa irratti wal ta’anii haalli itti hojjetan akka gabbatu gochuuf yoomiyyuu caalaa bilchinaafi jaalala biyyaatiin, akkasumas ummataafi seera kabajuudhaan akka sosso’an manni maree ADWUI waamicha dhiheessaa gama ADWUItiin akka kanaan sosso’uf qophii ta’uu dabalee mirkaneesseera.

Ummattoota Itoophiyaafi kanneen Itoophiyaa jaalataniif

Bara haaraa gaarii ayyaana bar-kumee gaarii

Mana maree ADWUI

Hagayyaa 27/1999

Bara haaraa kanas akkuma kanaan duraa waliin dhaabbanna

Ergaa Dh.D.U.O irraa darbe

Dhaabbanni keenya Dh.D.U.On karoora bara kanaa keessatti hojiiwwan dhaabbatummaa gurguddoo qabatee sochii keessa tureera. Karoora keenya bu'ureeffachuudhaan hojiiwwan hojjetaman gurguddoo keessa leenjiin oggantoota ol'aanaa iddoo sadiitti qoodamee raawwateera. Leenjiin kunis xiyyeeffannoon kennameefii kan raawwate waan tureef ijaarsa humna siyaasummaa gaggeessaa keenyaatiif gahee ol'aanaa taphateera. Haaluma kanaan gaggeessitoota sadarkaa sadii qaban lakkoofsi isaanii 155,695 leenjiisuun danda'ameera. Kana wajjin wal qabatee qorannoon kan adeemsifame yemmuu ta'u, karaa kanaan hojiin guddaan raawwatame hojii caasaa keenya deebisanii ijaaruuti. Ramaddiin humna namaa keenya qofaa isaatti rakkoowwan keenya akka hin hiikne beekamaa waan ta'eef gahumsi gaggeessummaafi hojiin akka wal-argu gochuudhaan akka raawwatu taasifameera. Qajeelfamoota dhaabbatummaa adda addaa irratti hubannaafi iftooma uumuuf leenjiin qajeelfama gurmaa'inaa, qajeelfamaa ijaarsaafi sab-qunnamtii irratti kennameera.

Bara 1987-1999tti, waggootii kudha lamaan darban oomishtummaafi oomishni qonnaa keenyaa fooyyaa'uu isaatin kutaan dinagdee naannoo keenyaas ta'e, biyya keenyaa giddugaleessaan dhibbeentaa kudhanii ol guddina agarsiiseera. Akka naannoo keenyaatti bara oomishaa 1998/99 keessa callaan kuntaala miliyoona 149.1 oomishameera.

Gama dirree qonnaatiin guddinni mul'achuu kan danda'e, lafti qotamu dabaluu, qonnaan bulaan tajaajila eksteenshinii argachuu, itti fayyadamni callaa guddiftuu dabaluufi tajaajila liqii irratti jijjiiramni mul'achuu isaatiin akka ta'e ni hubatama.

Karaa biraas guddina kanaaf gahee mataa isaanii kan gumaachan hojjettoota dirree misoomaa akka ta'an ni beekama. Kanaafuu lakkoobsa isaanii yeroorraa gara yerootti guddisuuf yaalii taasifameen bara 1987, 1206 kan turan hojjettoonni misooma (DA) yeroo ammaa 13,000 akka ta'an taasifameera. Itti fayyadama xaa'oos yoo fudhanne bara 1983 xaa'oon gara naannoo keenyaa galu meetriik toonii 1038.7 kan ture yemmuu ta'u, bara 1999 meetriik toonii 2,200 ta'eera. Kana malees gareen misooma 298,106 ta'u naannoo keenyaa keessatti hundaa'uun misooma keessa galuun isaa guddina misoomaatiif gahee mata isaa gumaacheera.

Biyya keenya keessatti guddina hawaasummaa amansiisaafi itti fufiinsa qabu mirkaneessuun kaayoo dhaabbata keenyaa keessa isa tokko. Haaluma kanaan dirreewwan guddinni itti galmaa'e

keessaa tokko barnoota. Barnoota sadarkaa 1ffaa yemmuu ilaallu, bara 1987tti dhibbeentaa 21 kan ture, bara 1999tti gara dhibbeentaa 89.09tti ol guddateera.

Akkasuma gama dirree fayyaatiinis bu'aan argame ol'aanaadha. Sadarkaa dhaabbilee fayyaatiin waggootii 15 darban dura hospitaalli naannoo keenya keessa 15 qofaa ture bara 1999tti gara hospitaala 30tti, buufanni fayyaa 52 ture, gara 192tti, kellaan fayyaa 41 ture, gara 1573tti ol guddateera. Akkaatuma kanaan waliin gahiinsi fayyaa bara 1983 dhibbeentaa 35 ture, bara 1999 dhibbeentaa 77tti ol guddateera.

Gama hojiifi misooma magaalaatiin yemmuu ilaalu, rakkoo hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa magaalotaa irratti mareefi qu'annoon bal'aan taasifameera. Rakkoowwan jiran furuufis tarkaanfiin sirreessaa adda adda fudhatameera. Hojii dhabdummaa maqsuuf hojiiwwan hojjetamaniin dargaggoonni 600,000 gurma'anii hojii irratti bobba'aniiru.

Akkasumas oggantoonniifi hojjettoonni magaalotaa hojii isaanii akka sirriitti gaggeessaniifi hojjetaniif cheek liistiin ittiin hojiiwwan hojjetaniifi hordofan qophaa'ee raabsameera. Magaalota keessatti rakkoowwan hojimaataa adda addaa sirreessuufi foyyeessuun, paakeejii bulchiinsa gaarii, industiriifi misooma magaalaa ittiin raawwataman qophaa'ee kaabinee naannichaatiin erga ragga'ee booda godinaaleefi magaalotaaf raabsameeraa. Akkasumas rakkoo hanqina manaa jiraattonni magaalaa qaban maqsuuf jecha manneen 9020 ijaarsiisuuf meeshaaleen barbaachisan bitamanii magaalota 11f raabsamaniiru. Kan hafaniis raabsuudhaaf qophiin xumurameera.

Xiyyeeffannaa hojii bara 2000

Bara 1999 hojiiwwan gurguddoo kallattii adda addaatin karoorfachaa turreen bu'aawwan argaman hojii keenya bara 2000tiif haala kan mijeesan turan. Haala mijaawaa uumame kanatti fayyadamuudhaan bara 2000 keessa hojiiwwan armaan gadii raawwachuuf xiyyeeffatameera.

- Guddinni dinagdee waggoota afran darban galmaa'e cimee waggaa shanaffaaf akka itti fufuuf xiyyeeffannaa kenninee hirmaannaa ummataatin kan raawwatnu ta'a.
- Miseensoti keenya hundi hojiiwwan misoomaa gaggeesuuf karoorfannee fiixaan baasuu keessatti gahee adda durummaa isaanii akka bahan ni taasifama.
- Hanqina bulchiinsa gaarii sadarkaa hunda irratti bifa adda addaatiin mul'atan sirreesuudhaan guddina gama misoomaatiin argame gama bulchiinsa gaariitinis akka mirkanaa'u taasifama.
- Rakkoo hojii dhabdummaa magaalotaafi baadiyyaa keessa jiran dhabamsiisuuf carraa hojii uumuudhaan hoji dhabdoonni gurmaa'inii hojii keessaa galuu akka danda'an godhama.
- Nageenyi hojii keenya hundaaf murteessaa waan ta'eef hawaasi keenya hubannaa guutuu qabaatee nageenya naannoo keenyaa amansiisaa gochuuf miseensonni, deggartoonniifi ummanni bal'aan xiyyeeffannoo guddaa kennee akka hojjetuuf haala mijaawaa uumuu.
- Tarsiimoowwan keenya fayyaafi barnootaa hojii irra oolchuudhaan dhukkuba ittisuufi carraa barnootaa baballisuuf, daa'iman umuriin isaanii barnootaaf gahee hundi mana barumsaa akka galaniifi manneen barnootaa akka babalataniif ummata hirmaachiisuun kan raawwatamu ta'a.

Kanaafuu miseensonni keenya, deggertoonniifi ummanni bal'aan bara haaraa dhufu kana keessas akkuma kaleessaa, aadaa hojii isaa fooyyaffatee, seexaa, haamleefi kaka'umsa haaraadhaan akka hojjetu, hojjetee jireenya isaa adda durummaan akka fooyyeffatu Dh.D.U.On ergaa dabarsa. Kanumaa wajjin wal-qabatees barri haaraan dhufu, bar-kumeen kun baraa gammachuu bara nagaa, bara badhaadhinaa akka ta'uuf abdii qabu ibsa.

Dh.D.U.O, dhaabbata cunqursaa waggaa dhibbaa ummata Oromoo irraa dhabamsiise

Cunqursaa sabummaa ummata Oromoo irra ga'aa ture dhabamsiisuuf ummanni Oromoo karaa adda addaa qabsoo yoo adeemsise illee, qabsoo gurmaa'ina hin qabne waan tureef injifannoo osoo hin argamsiisiin yeroo dheeraa fudhateera. Ummata Oromoofin qabsaa'a! gaachanni ummata Oromoo ana! kan ofiin jedhu ABOn maqaa ummata Oromootiin daldalee jireenya isaa biyya alaa ho'ifachuun ala ummata Oromoo waan fayyade hin qabu.

Ummanni Oromoo bifa gurmaa'een qabsaa'ee injifannoo kan gonfate dhaabbata demokraatawaa ummata Oromootiin akka ta'e ni beekama. Dh.D.U.On kaayoofi saganta ifaa baafatee qabsootti erga seenee booda injifannoo gonfachuudhaan kaayoofi sagantaa baafatee qabsaa'aafii ture sana hojiirra oolchee kunoo ummata Oromoo abbaa mirga siyaasaafi dinagdee taasiseera. Cunqursaa waggaa 100 jalaa baasee guddina isaafi guddina maatii isaa akka mirkaneessu isa taasiseera.

Cunqursaa sabummaa irra ga'aa tureen jaarraa tokkoof ummanni Oromoo waan baay'ee dhabeera. Mirga qabsoo Dh.D.U.Otiin ammo waan dhabe sana harkatti galfateera. Kaleessa maal dhabe ture? har'a ammo maal argate laata? Dhimma kana iratti yunivarsiitii Adaamaatii hayyoota dubbifne qabna. Isaanis Dr. Injiinar Zawuduu Abdii Dabalee, Ob. Tolaa Barsiisoo Gadaa, Ob. Abdulqaadir Huseen jedhamu. Ummanni Oromoo kaleessa waan har'a keessa tureefi irra jiru irratti yaada armaan gadii nuuf kennaniiru. Akka armaan gadiittis qindeessineerra.

"Ani waytan kutaa 1-8tti baracha ture km. 30·40 deeman ture. Har'a garuu manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} ganda qonnaan bulaa hunda keessatti ijaaramaniiru" jechuun yaada isaanii kan eegalan Dr. Injiinar Zawuduu Abdii Dabalee yunivarsiitii Adaamaa irraati. Isaanis yunivarsiitichatti itti aanaa prezidaantii Akkaadaamiikiifi qorannooti. Cunqursaa kaleessa ummata Oromoo irra ga'aa ture ilaalchisuun yaada nuuf kennan akkasiin itti fufu, Dr. Injiinar Zawuduu Abdii.

"Ummanni Oromoo kaleessa afaan isaatiin hin tajaajilamu ture. Tajaajila fayyaa, mana barnootaa, dhiheenyatti hin argatu ture. Ilmaan isaa mana barnootaa yemmuu galan afaan dhalootaa isaaniitiin waan hin baranneef qooqa hin beekneen gidiraa argu. Aadaa, qooqaafi, seenaa isaatti boonuu osoo qabuu akka itti saalfatu taasifameera." kan armaan olitti ilaalle hacuucaa ummanni Oromoo kaleessa keessa turedha. Har'a hoo haalli jiru maal fakkaata laata? Ammas gara yaada Dr. Injiinar Zawuduutti haa deebinu.

Akka Dr. Injiinar Zawuduun jedhanitti, Dh.D.U.On qabsaa'ee ummatichi akka qabsaa'u waan taasiseef abbaa injifannoo, abbaa mirgaa ta'eera. Hoggansa Dh.D.U.Otiin dinagdee isaa guddifachaa jira. Mirga hojjetee itti fayyadamuu gonfachuu irra darbee akkaataa misooma guddisuu qabu irratti oguma akka argatu taasifameera. Xaa'oo argachuu qofa osoo hin ta'iin akkaataa itti fayyadama isaa irratti ogummaan akka deeggaramu ta'eera.

Tajaajila fayyaafi barnootaa ilaalchisee yaanni nuuf kennan kanuma kan deeggarudha. Haaluma kanaan ilmaan Oromoo har'a daa'imni isaa mana barumsaa barbaacha qorraafi aduun rukutamaa sa'aatii dheeraa hin deeman. Manni barumsaa ganda isaatti ijaarameeraaf.

Afaan hinbeekneen barachuudhaan ba'aan irratti fe'amee ture irraa hafeera. Qooqa dhalootaa isaaniitiin barachaa waan jiraniif. Kana qofaa miti. Tajaajila fayyaa barbaacha karaa dheeraa deemuu jalaa ba'aa jira. Naannawa isaatti manneen yaalaa ijaaramaniiru, ijaaramaas jiru. Dhukkuba ofirraa ittisuu akka danda'us barnoonni kennamaafii jira. Kunneeniifi kanneen biroon bu'aa kaayoo Dh.D.U.O irraa madda akka ta'edha Dr. Injiinar Zawuduun kan dubbatan.

Ob. Tolaa Bariisoo Ynivarsiitii Adaamaatti itti aanaa prezdaantii bulchiinsaati. Haala ummata Oromoo waggaa 17 duraafi isaa asii ilaalchisuun yaada nuu kennaniiru.

Akka ibsa Ob. Tolaatti waggaa 17 dura ummanni Oromoo of bulchaa hin turre. Hacuuccaa sabaa jala ture. Hirmaannaan inni siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti qabu dadhabaa ture.

Waggaa 17 as ummanni Oromoo ofiin of bulchaa jira. Siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti hirmaannaan inni qabu guddaadha. Naannoo isaa keessatti ofiin of bulchuu irra darbee mootummaa federaalaa keessatti aangoo qabatee hojjechaa jira. Barnoonni naannoo isaa keessatti babal'achaa waan jiruuf faaydaa guddaa argateera. Faaydaawwan kana Ob. Tolaan akkasiin ibsu.

"Ummanni barate guddina dinagdee keessatti ga'ee olaanaa qabaata. Fkf ogeessi qonnaa afaan isaatiin baratee ummaticha tajaajilaa waan jiruuf guddina dinagdee argamaa jiru keessatti shoora olaanaa qaba. Gama fayyaatiinis tajaajiloonni fayyaa babal'isuu qofa osoo hin ta'iin dhukkuba dursanii ofiirra ittisuu irratti ummatichi hubannoo akka argatu taasifamaa jira. Walumaa gala ummanni barate ofiin of bulchiinsi isaa cimaa deemuu irra darbee addunyaa keessatti hawaasa dorgomee jiraatu ta'a." jechuun ture Ob. Tolaan haala ummata Oromoo kaleessaafi har'aa kan nuuf ibsan.

Ob. Abdulqaadir Huseen kanneen dhimma kana irratti yaada nuuf kennan keessaa isaan tokkodha. Isaanis yunivarsiitii Adaamaatti gorsaa prezdaantiifi muummee joogiraafiitti barsiisaadha. Isaanis haala ummanni Oromoo kaleessa keessa ture "abbaa biyyummaa isaa

ganamee, aangoo siyaasaa irraa fagaatee tureera” jechuun erga eegalanii booda, mirga inni har’a Dh.D.U.On gonfates nuu ibsaniiru.

“Har’a ummanni Oromoo mirgaa abbaa biyyummaa gonfateera, abbaa taaytaa ta’eera. cunqursaa sabaa irraan ga’aa ture jala ba’eera. Kun ammo bu’aa qabsoo Dh.D.U.Otiin argamedha. Mirga kana ammo ummanni Oromoo kunuunsee dhaloota dhufuuf dabarsuu qaba” jedhaniiru.

Ummanni Oromoo ummata bal’aa ummata lafa bal’aa irra jiraatu, ummata biyya qabeenya uumamaatiin badhaate qabudha. Ummanni bal’aan biyya badhaate qabu kun cunqursaa sabaa jalatti kufuudhaan qabeenya isaa kanaan badhaadhuu dadhabee hiyyummaa jalatti kufee jaarraa tokkoof tureera.

Har’a garuu dhaabbata isaa, qabsaa’ee isa qabeessise Dh.D.U.O dhaan abbaa biyyaa, abbaa mirgaa ta’eera. Mirga ummanni keenya gonfate kana dhabsiisuuf kan sosso’an dhaabbileen siyaasaa tokko tokko akka jiran ni beekama. Kanneen keessaa diina ummata Oromoo kan ta’e, maqaa Oromootiin dahatee faaydaa dhuunfaa isaatiif jecha, umrii jireenya Awrooppaafi Ameerikaa dheereffachuuf asiifi achi kan fiigu ABOdha. ABOn kaleessa ummata Oromoof bu’aa buuse hin qabu, har’as sanuma, borus homtuu irraa hin eegamu.

Har’a fedhiin ummata Oromo nama maqaa isaatiin dhaabatee daba isa irratti hojjetu miti. Fedhiin ummata Oromoo hiyyummaa keessaa ba’ee Oromiyaa badhaate arguudha. Kana moo kunoo Dh.D.U.O dhaan arguu eegaleera. Kun cimee akka itti fufu ummatichi gufuu misoomaa isa quunnamuu danda’u of fuulduraa maqsee misooma isaa itti fufuu qaba.

Bar-Kumee

Bar kumee isa moofaa ammaan tana darbu ,
haaraa fuulleen dhufu akka ijji nu argu,
Rabbi nu taasiseef hooqubaan haa ta'u,
madda gaarii hundaa waa hundaa danda'u.

Abdii guddaa qabna,
Fuulleen keenya ifaadha,
Geeddaruuf haa kaanu,
Ilaalcha addunyaadha.

Qaroomina keenya kan dur biyya raaje,
Isa utuu hin guddatin teellaa addunyaa ijaajje,
Duubaa finnee cinaa biyyootaa hiriirsina,
Doofummaa ijibbaannee seenaa galmeessina.

Qabeenya uumamaa irrafi jalaa qabnu,
Hojiirra oolfannee iyyummaadhaa haa baanu,
Dhimma biyyyaarratti yaadaan tokko haa taanu,
Amantiifi jaalalaan wal qabannee haa yaanu.

Seenaafi aadaaf afaan oodaafi safuun jiran,
Sabaafi sab-lammoonni hanga har'aa waliin turan,
Kabajaafi ulfinni amantaa waliif qaban,
Barkumee dhufuttis caalmaatti haa guddatan.

Ogeessi ogummaasaan biyya tajaajiluuf,
Kan qabu biyya isaa misoomsee guddisuuf,
lammiin alaafi keessaa waliin haa dhaabbatu,
Biyyattiin duroomtuufi kabajamtuu haa taatu.

Dhibeen HIV dhaa kan darbeen raawwatee,
Dhukkubni daddarbaan biyyarraa dhaabbatee,
Lammii fayyaalessi baay'atee haa jraatu,
Nagaafi demokraasiin hundee haa jabeeffatu.